# Namni baasii nikaa danda'e haa fuudhu, inni ija gadi qabaaf, akkasumas qaama saalaa eegaadha, namni hin dandeenye immoo haa soomu, inni isaaf kolaasaadha

Abdullaa ibnu mas'uud irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: nabiyyii woliin yeroo turre tokkotti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: «Namni baasii nikaa danda'e haa fuudhu, inni ija gadi qabaaf, akkasumas qaama saalaa eegaadha, namni hin dandeenye immoo haa soomu, inni isaaf kolaasaadha».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama wolqunnamtii saalaa danda'uu fi baasii nikaa danda'u fuudhatti kakaasani; fuuni haraama ilaaluu irraa ija isaa eega, akkasumas qaama saalaa isaas sagaggaalummaa keessatti akka hin kufne jabeessee eega. namni osoo wol qunnamtii saalaa danda'uu baasii nikaa hin dandeenye soomuutu isa irra jiraata, soomni fedhii qaama saalaa fi badii sanyii hormaataa ni kuta.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee